# سُورَةُ البَلَدِ
# Suuraa Balada

قبل كل شئ هذه هي سورة البلد

*Dura dursoo suuran tun } suuratulbalad } je'amti.

وهى سورة مكيه

*Isiin suuraa makkaati .

وآياتها { ٢٠ }

*Aayaanni isi'ii { 20 }

وعددها تسعون

*Lakkooysi isi'ii sagaltama

نزلت بعد سورة ق

*Isiin eega { suuraa qaafii } buute

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَٰنِ الرَّحِيمِ

*Maqaa Rabbii rahgmata qabuutinan jal-qabaa.

لَا أُقْسِمُ بِهَٰذَا الْبَلَدِ ﴿١﴾

**1}***Yaa ergamaa kiyyaa Muhammad mandara makkaatinan ,khakhadha.

وَأَنتَ حِلٌّ بِهَٰذَا الْبَلَدِ ﴿٢﴾

**2}***Sii isa keessa jiru, kan hajji`iifii umraa hin hidhatin ,kan wanni duraan haraamii isa keessatti halaal siif godhamte , makka keessatti nama ajjeesun,muka isi`ii ciruun ,bineensa isi`ii al`oolun hin gayu, haa tayuu saa`aa takkitti qofa Rabbiin nabi Muhammadiif,gaafa inni kuffaara makkatti duule , waan duraan irraa dhoowwaman san halaal godhee , kuffaara makkaa dhawanii cabsan, ammoo saa`aa takkittii san booda , akkuma duratti deebitee haraam godhamte ,duuba Rabbiin , harama makkaatifii , nabi Muhammad hajji`ii umraa hin hidhatin kan waa hundi isaaf halaalitiin kakatee jiraa,nabi Muhgammadii hajji`ii umraa hidhate ,kan makka keessa jiru kan wahayyuu isarratti haraamitiin khakhatuun , maal haatayuu.

وَوَالِدٍ وَمَا وَلَدَ ﴿٣﴾

**3}***Ammallee aadamiifii ilmaan isaatinan siif khakhadhaa,akkasuma ,waan dhaleefii ,waan dhalamu hundaanan khakhadhaa .

لَقَدْ خَلَقْنَا الْإِنسَانَ

*Ilmoo namaa dhugumaan uumnee jirra,

فِي كَبَدٍ ﴿٤﴾

**4}***Cinqii yookaa rakkoo keessatti uumne , kan hoggayyuu rakkoo addunya`aatifii aakhira`arraa bayu`uu jecha ,carraaqu , kan yoo jaatanii takkarraa baye,taanitti dabru ,duraan bishaan garaa haadhaa keessatti itite tayuu ture , eegasii foon tayee, eegasii nama tayee dhalatee , eegasii guddatee ,dalagaa takkarraa taanitti, yaada tokkorraa kaanitti dabra`aa jaatanii addunya`aatifii ,ta aakhira`aa godha`aa deema ,takkaa { kabad } jechuun : qajeelchineeti guunnee , nama uumne

jechu'.

أَيَحۡسَبُ

*Si namni nuti akkatti uumne, ni siyaa ,ni yaadaa?

أَن لَّن يَقۡدِرَ عَلَيۡهِ أَحَدٞ ٥

**5}***Kan nam tokkolleen isa hin dan deenye, kan irree isarratti hin qabne , kan isa miidhuu hin Dandeenye siyaa ? hin seyin , maalif Rabbiin akkasitti isa uume , akka fedhe Isa godhuu dandayaa , namni kuffaaraa kan akkas seyuu ture, zamana nabi Muhammad , namicha tokko, kan qureyshii keessatti jabaate, namichi sun hori`iifii , waan biraa hundaan islaama dura dhaabbatuu ture.

يَقُولُ أَهۡلَكۡتُ مَالٗا لُّبَدًا ٦

**6}***Islaama dura dhaabbatu`uu jechan , horii hedduu tuulaa baase , yookaa balleesse je`eeti , dhaaddataan , duuba Rabbiin akki je'e.

أَيَحۡسَبُ أَن لَّمۡ يَرَهُۥٓ أَحَدٌ ٧

**7}***Si namichi sun waan nam tokkoll een isan agarre seyaa ? waan nam tokkolleen horii inni Baase , hanga inni taye hin beyne seyaa ? hin siyin, Rabbiin hanga inni baase beekhaa, ammallee akka wanni inni baase sun , waan isi`iin dhaaddatuu haqa hin godhanne , kan guyyaa boruu irraa gaafatamu`uu , taa`u taye , beekhaa ? akkas hin yaadin nuutu isa uumee , waan inni tayeefii , dalagaa isallee beynaa ni agarraa.

أَلَمۡ نَجۡعَل لَّهُۥ عَيۡنَيۡنِ ٨

**8}***Si nuti ija inni wahiin argu, isaaf hin uumnee? duuba namni argaa isaa uume akkamitti isan agarre? ni arga jechu'.

وَلِسَانٗا وَشَفَتَيۡنِ ٩

**9}***Si nuti arraba inni wahiin dubbatu ammas hidhii lamaan inni lafee ilkaanitiin dhoyfatee , nyaata afaanii dhangala`uu dhoowwee, fuula isaa bareechu, isaan uumnee?.

وَهَدَيۡنَٰهُ ٱلنَّجۡدَيۡنِ ١٠

**10}***Ammas si nuti karaa gaari`ii ha maa adda isaan baafnee ? aylii isaan uumnee ? ergaa itti erginee ,waan isa miidhufii ,waan isaa tolu isa garsiifnee , karaa kheyri`ii deemi ,karaa sharri`ii hin deemin jennee isan qajeelchinee ?{ najdeyni } jechuun ;baddaa lamaan jechu`uu, ma`naan isaa asitti :karaa lamaan jechu',sun karaa jannataatifii, karaa azaabatii.

فَلَا ٱقۡتَحَمَ ٱلۡعَقَبَةَ ١١

**11}***Namni Rabbiin akkasitti uume sun karaa azaaba jalaa itti bayu, sinqeeffatee, yookaa galaa Fudhatee hin dabruu , yookaa hin deemuu? humnaan itti if kennee hin seenuu ?

وَمَآ أَدۡرَىٰكَ مَا ٱلۡعَقَبَةُ ١٢

**12}***Waan{ aqabaan } taate maaltu si beysise ? waan aqabaan taate Rabbiitu si beysisaa , isiin kaarra { karaa} nagayatti nama geessitu sun.

فَكُّ رَقَبَةٍ ١٣

**13}***Nama namni gabroonfate bilisoomsu', cinqii jalaa isa baasu', maalif islaamni wanni dhufeef ,Gabrummaa namaa roorroo isaa jalaa nama baasu'uufii , akka yaada islaamatti , namni hundi Rabbi biratti wal qixa,isaa bilisaati haati isaa ,isa dhaltee,yoo namni isa gabroonfatu aragame ,gabrummaa yookaa istikgmaara isaa ,jalaa isa baasun akkaan barbaadama,nabi Muhammad nageenyi isarratti haa jiraatuu,akki je`e:{ namni masjida Rabbii jecha jaare ,akka keessatti Rabbi ibaadani`iif, Rabbiin jannata keessatti mana isaa jaara , ammas namni gabra bilisoomse, ibiddarraa if bite , ammas namni isaa islaamaa ,arriin itti baate ,arriin sun,guyyaa qiyaama`aa , nuura yookaa ifaa isaa taati} je`an.

أَوۡ إِطۡعَٰمٞ فِي يَوۡمٖ ذِي مَسۡغَبَةٖ ١٤

**14}***Ammas karaan ibiddarraa nagaya nama baasu,guyyaa beelaa nama beelaye nyaachisu' ,{masghabah} jechuun :beela jechu'.

يَتِيمٗا ذَا مَقۡرَبَةٍ ١٥

**15}***Yatiima waan nyaatu hin qabne kan firumma`aan ,takkaa ollumma'aan walitti dhiyaatan nyaachisu'.

أَوۡ مِسۡكِينٗا ذَا مَتۡرَبَةٖ ١٦

**16}***Takkaa deegaa waa dhabee hark aan lafa qabate nyaachisu' {matrabah } jechuun harkaan lafa qabatu', takkaa biyyee jechu', akkana jechuun homaan qabu jechu' , duuba wanni nagaya nama baasu waan dubbanne kana, namni waan kana dalagee.

ثُمَّ كَانَ مِنَ ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ

*waan san dalagu`uun wajji,warra Rabbitti amane kan waan dalagerratti sawaaba Rabbirraa argatuu yaadurraa tayee

وَتَوَاصَوۡاْ بِٱلصَّبۡرِ

*Warra ibaadaa Rabbirratti wal jabe essu kan dili'irraa wal fageessu,takkaa warra dili'irraa obsa`aa fagaadhaa, ibaadaa Rabbirratti jabaadhaa, balaadharratti obsa`aa ba`adhaa je`ee walii dhaamu

وَتَوَاصَوۡاْ بِٱلۡمَرۡحَمَةِ ١٧

**17}***Ammallee warra rahmata walii dhaamurraa taye ,kan waan Rabbiin uume hundaafuu nayuu walii dhaamu , kanneen irratti wal gorsan

أُوْلَٰٓئِكَ أَصۡحَٰبُ ٱلۡمَيۡمَنَةِ ١٨

*Duuba warri haala dubbanne san qabu takkaayuu dalage sun .

**18}***Warra mirgaatii isaan warra jannataati.

وَٱلَّذِينَ كَفَرُواْ بِـَٔايَٰتِنَا هُمۡ أَصۡحَٰبُ ٱلۡمَشۡـَٔمَةِ ١٩

*Ammoo warri Rabbitti kafare kan aayaata keenya qeebaluu didee , islaama dura dhaabbatee qur'aana khijibsiise.

**19}***Isaan sun, warra bita`aatii warra azaabati,

عَلَيۡهِمۡ نَارٞ مُّؤۡصَدَةُۢ ٢٠

**20}***Isaan ibidda naqamaniiti , hulaan ibiddaa isaanitti hidhamti , kan qaawa hin qabne ,kan qilleensi ittin seenne , kan zalaalamii akkasitti jiraatan.